

Isin Keessa Mallattootu Jira-kutaa 1ffaa

Description

Alhamdulillah. Yeroo darbe waa'ee iimaanaa ilaala turreerra. Marsaa kana keessatti kan ilaallu Gooftummaa (Rububiyyah) fi Tokkichummaan gabbaramu (Uluhiyyah) Rabbiiti. Iimaanni qalbi keessatti hidda yoo qabate namni qajeelee dachii keessa adeema. Hundeey iimaanaa keessaa inni guddaa fi jalqabaa qalbii keessatti lafa qabatuu qabu, Rabbii olta'aatti amanuudha. Hojiwwan gaggaarin namni hojjatu fi hundeeawan iimaanaa biroo Rabbiitti amanuu irratti kan hundaa'aniidha. Namni yoo Rabbitti hin amaniin hojji gaggaarii hanga fedhe yoo hojjate, suni bu'aa homaatu isaaf hin buusu.

Rabbitti amanuuf tooftaalee lama fayyadamna: 1ffaa- Kitaaba Inni buuse qo'achuu fi qorachuu. 2ffaa-wantoota Inni uumee itti xinxalluuni. Kannin lamaan walitti fiduun Gooftummaa fi Tokkichummaa Rabbiitti akka amanan nama taasisa. Kanaafi, Qur'aana keessatti irra deddeebi'uun uumama samii, dachii fi wantoota isaan lamaan jidduu jiru kaasa. Uumamtoota kannin keessaa kan Rabbiin (Subhaanahu wa ta'aala) irra deddeebi'e kaase keessaa uumama ilma namaati. Uumamni ilma namaa uumama ajaa'ibaa gara Dandeetti Rabbii akeekudha. Garuu namoonni baay'een uumama ofiitiitti hin xinxallan. Kanaafi, Rabbiin Olta'aanakkana jechuun isaan waqqasa:

﴿ قُتِلَ الْإِنْسَنُ مَا أَكَثَرَ فَرَهُ وَ مِنْ أَيِّ شَيْءٍ خَلَقَهُ ﴾

“Namni abaarrame! Sila maaltu isa kafarsiisee?

[Rabbiin] waan akkamii irraa isa uumee? [hin xinxalluu?] ” Suuratu Abasa 80:17-18

Kanaafu, namni uumama ofii itti xinxalluun Rabbii isa uumeetti amanuu fi adabbi baddaa jalaa bahuu danda'a. Garuu uumama ofii irraa garagalee fi Rabbitti kafaree fedhima lubbuu jala yoo fiige, dhumtii isaa garmalee baddaadh. Sababni isaas, wanti Rabbii Tokkichatti nama kafarsiisu tokkollee hin jiru. Mallattooleen lakkoofsa hin qabne gara Rabbii olta'aa akeekan isaa fi addunyaa guutuu keessa jiru. Rabbiin ni jedha:

﴿ وَفِي الْأَرْضِ إِيمَانٌ لِلْمُؤْمِنِينَ ۚ وَفِي أَنْفُسِكُمْ أَفَلَا تُبَصِّرُونَ ۚ ﴾

“Dachii keessas warroota dhugaan amananiif mallatooleetu jira. Akkasumas, lubbuu keessan keessas, sila hin argitanuu?” Suuratu az-Zaariyaat 51:20-21

Dachii fi wantoonni dachii keessa jiran Guddinnaa, Dandeetti fi Tokkichummaa Khaaliqaa agarsiisu. Wantoonni kunniin hundii sirnaa fi tartiiba ofii eeggatan tasa ykn ofiin kan argamanii miiti. Khaaliqa wantoota kannin argamsiisetu jira. Ammas, mallatoolee baay'etu nama keessa jira. Seeli xiqqoo irraa jalqabamee hanga qaama guutuu gahuutti tartiiba kan qabnii fi hojji mataa isaanii kan hojjataniidha.

Eenyetu kutaalee qaamaa kanniin tartiibaa qabsiisee? Ofin of qabsisuu danda'uu?

Uumama keenyatti xinxalluun dura ka'uumsi ilma namaa eessarrraa akka ta'e ilaalun barbaachisaadha. Kana beekuuf ragaa dhugaa nu barbaachisa. Tiyoori irratti hundaa'un ilmi namaa dachii irratti akkanatti jalqabee jechuu hin dandeenyu. Tiyoori jechuun yaada tilmaamaa namni tokko lafa kaa'udha. Yaanni tilmaamaa kuni takkaa dhugaa ta'uu danda'a takkaa immoo kijiba ta'uu danda'a. Kanaafu, wanti nama shakkisuus akka ragaatti hin dhiyefamu. Kanaafu, ka'uumsa ilma namaa ilaachisee akka ragaatti kan dhiyeessun yaada ilma namaa osoo hin ta'in Kitaaba Rabbiiti. Sababni isaas, namoonni wanta darbee guutumaan guututti hin beekan. Rabbiin immoo wanta hundaa kan beekudha. Ammas, namoonni wanta darbee guutuu galmeessanii harkaa hin qaban. Rabbiin subhaanahu wa ta'aalaa Kitaaba buuse keessatti uumama ilma namaa jalqabaa fi dhaloota achi booda dhufan muraasa kaase jira. Kanaafu, ragaan amansiisaa fi dhugaan Kitaaba Rabbiin buuse jechuudha. Kanaan alatti ragaa tokko malee, "Ilmi namaa dachii irratti akkanatti jalqabee. Ilmi namaa jalqabaaakkana ture." Jedhanii odeessun sammuu namaatti taphachuu fi namoota dhamaasu malee bu'aa homaatu hin qabu.

Amantiwan Islaamaa, Kiristaanaa fi Yahuudaa namni jalqaba uumame Aadamin akka ta'e irratti wali galuu. Kuni dhugaa hin jijjiramne kitaabban samii bu'an keessatti dhufeedha. Akkasumas, aqliidhaan (sammuudhaan) wanta ta'uu qabuudha. Akkuma beeknu, wanti tokko yeroo jalqabaatiif yommuu argamu, firee tokkichatu oomishama. Ergasii fedhi namootaa fi haala gabaaya irratti hundaa'e baay'ifamee oomishama.

Rabbitin subhaanahu wa ta'aalaa ilmaan namaa guutuu osoo fedhe altokkotti uumuu danda'a. Garuu Inni kana hin feene. Kana irra, jalqaba nama tokko uumuun ergasi niiti nama kanaa uumuun suuta suutaan isaan lamaan irraa namoota baay'ee dachii keessa facaase. Rabbitin subhaanahu wa ta'aalaa akkana jedha:

﴿الَّذِي أَحْسَنَ كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ وَبَدَأَ خَلْقَ الْإِنْسَنِ مِنْ طِينٍ﴾
 ﴿ثُمَّ جَعَلَ نَسْلَهُ وَمِنْ سُلَالَةٍ مِّنْ مَّاءٍ مَّهِينٍ﴾

"[Rabbitin] wanta uumee hundaa kan tolchee fi uumama namaas suphee irraa kan jalqabeedha. Ergasii sanyii isaa bishaan dadhabaa baafamee irraa godhe." Suuratu As-Sajdah 32:7-8

Aaya tana keessatti uumamni namaa akkamitti akka jalqabamee nutti hima. Rabbitin subhaanahu wa ta'aala nama jalqabaa Aadamiin (Aleeyh salaam) suphee irraa uumee. Suphee jechuun makaa biyyee fi bishaaniti. Ergasii, sanyii Nabii Adam bishaan dadhabaa irraa uumee. Bishaan kunis maniyyi (dhangala'oo saalaa) dhiiraa fi dubartiiti. Haala kanaan namoonni Adam irraa jalqabuun addunyaa irratti faca'uu fi wal horuu itti fufan. Rabbitin subhaanahu wa ta'aalaa ni jedha:

﴿يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُم مِّنْ نَفْسٍ وَاحِدَةٍ
وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَاءً﴾

“Yaa namootaa! Gooftaa keessan Kan lubbuu takka irraa isin uume, ishii (lubbuu takkatti san) irraa cimdiis ishee uumee fi isaan lamaan irraas dhiirotaa fi dubartoota baay’ee facaase sodaadha.”
Suuratu An-Nisaa 4:1

Rabbiin subhaanahu wa ta’alaa jalqaba Nabii Aadamiin ni uume. Ergasii isarraa niiti isaa Hawwaa ni uume. Isaan lamaan irraa dhiirotaa fi dubartoota baay’ee dachii keessa facaase. Kunis galma kan gahe sababa fuudhaa heerumaatini. Kanaafu, wanta Inni itti ajaju hojjachuu fi wanta Inni irraa dhoowwu dhiisun Rabbii kana hunda hojjate sodaadhaa!

Kanaan alaatti “jireenyi ilma namaa dachii irratti akkanatti” jalqabamte, ykn ilmi namaa tasa argame jedhanii odeessun wanta sammuun namaa fudhatu miti. Wanti kitaaba barataa Bayloojii keessatti, “Jireenyi lubbu-qabeenyi dachii irratti kan jalqabde evolushiniin, spontaneous generation fi kan birootiin” jedhanii odeessan wanta ragaa hin qabnee fi karaa Rabbii irraa nama deebisuudha. Tiyoori kanniin kan lafa kaa’e filoosofota dhama’anii fi waa’ee Uumaa issaanii homaa hin beeknedha. Fakkeenyaf, Daarwin “Ilmi namni jalteessa irra sirna tirannaatiin (evolushiniitiin) nama ta’e” jedha. Tiyoorin kuni tiyoori kijibaa fi ragaa kan hin qabne ta’uu mirkanefamee jira. Kanaafu, namni filoosofii jaamaa kanarrraa of eegu qaba. Filoosofonnii kunniin sammuu issaanii kamiin jireenyi dachii irratti akkamitti akka jalqabamee hubachuu danda’uu?

Yaada filoosofii irraa akka fagaatan kan nama taasisu bira, yaanni issaanii kan walitti hin dhufne fi kan wal faallessudha. Mata-duree tokko irratti walii hin galan. Yaada wal dhayaa dhiyeessu. Ammas, yaanni issaanii guyyaa guyyaan ni jijirama. Wanti isaan har’aa akka dhugaatti fudhatan, boru soba ta’a. Garuu kitaaba Rabbiin buuse keessa wal faallessu fi jijiramni wanti jedhamu hin jiru. Yeroo hundaa haqa hin jijiramneedha. Wanti Kitaabni kuni dhiyeesus wanta sammuu fi uumama namaa waliin deemudha. Rabbiin Olta’aan ni jedha:

لَا يَأْنِيهُ الْبَطْلُ مِنْ بَيْنِ يَدَيْهِ وَلَا مِنْ خَلْفِهِ تَزِيلُ مِنْ حَكِيمٍ



“Sobni fuundura isaatiis ta’ee duuba isaatiin itti hin dhufu. Rabbii Ogeessa Faarfamaa ta’e irraa buufame.” Suuratu Fussilat 41:42

Qur’aanatti duraa duuban sobni wanti jedhamu itti hin dhufu. Kana jechuun beekumsa namaaf dhiyeessu keessatti sobni itti hin dhufu. Seerotaa fi murtoowwan kaa’e keessatti sobni itti hin dhufu. Seenaa durii irraa wanta beeksisu keessatti sobni wanti jedhamu itti hin dhufu. Seenan ummata durii Qur’aaani

beeksi su hundi dhugaadha. Wanta gara fuunduraatti uumamu irraa odeefannoona Qur'aanni beeksi su hundii dhugaadha. Sobni wanta jedhamu itti hin dhufu. Sababni isaas Qur'aanni Rabbii waan hundaa beeku irraa waan bu'eefi.

"Buufamuun Kitaabichaa (Qur'aanaa) Rabbii Injifataa, Beekaa ta'e irraayyi." Suuratu Ghaafir 40:2

Date Created

January 26, 2019

Author

admin